



Fandii Haqa Naannoo Kan Bara 2021 (The Environmental Justice Fund 2021)
Sagantaa Magaalaa Siyaatil Faawundeeshinii Bullitt jedhamuun kan Hogganamu

Nuti iyyata Fandii Haqa Naannoo iyyata simachaa akka jiru wayita beeksifnu gammachuutu nutti dhaga'ama. Yeroon iyyatni itti dhiyaatu inni dhumaa **4pm on Monday September 13th** dha! Tumsi maallaqaa kun tattaaffii kutaaleen hawaasaa: Gurraacha, Dhalatoota Ganamaa Naannichaa, Didiimoo (Kanneen Adii hin ta'iin), Godaantota, Kooluu Galtoota, namoota galiin isaanii gad-aanaa, dargaggootaa fi manguddoota dhimmoota naannoo fi haala qilleensaan hubamaniin hogganama akkasumas isaaniin fayyada.

Piroojektootni kunneenis furmaatawwan hawaasa dhaqqabanii fi fayyaa naannoo akkasumas hawaasaa fooyyessan fi dhiibbaa jijjiirama haala qilleensaatiif deebii kennan haguuguu qabu. Kunis ijaarsa dandeettii, karoora tarsimoo hojiitti jiru, barnoota hawaasaa, tattaaffiiwwan qophaa'ummaa haala qilleensaa, qulqullina qilleensaa, hanqina wabii nyaataa, hujjii magariisa, fi dhimmoota naannoo fi haqa haala qilleensaa ni dabalata.

Bara kanaaf haaraa!

1. Pirooppoozaalii hedduun nu dhaqqabu jennee waan eegnuuf, iyyattootni hundi marsaa kanaaf Dhiheesi afaanii irratti hin affeerru. (Marsaalee darbanitti, pirezenteeshiniiwwan afaanii iyyattoota hundaaf filannoodhaan ture.)
2. Shiheesiwwan afaaniif affeerraawwan kan taasifnu waa'ee piroojektii yaadame sanaa gaaffiin yoo jiraatee fi ibsi dabalataa yoo barbaachise qofa dha. **Yoo affeeramtan, piroosasicha fuulduratti deemsisuuf, iyyattootni pirezenteeshiniiwwan afaanii irratti hirmaachuu qabu.**

Piroojektiiwwan maallaqa \$25,000 gadi hin taanee fi \$75,000 ol hin taane ni badhaafamu. Piroojektootni kunneenis January 2022 kan jalqaban yommuu ta'u; June 2023'tti xumuramu

Wayitiiwwan odeeffannoo gaafa **August 16 & 25** adeemsifamu. Iyyattoota gama piroosasii kanaan tumsuuf gargaarsi teeknikaalaa kennamu ni jira. Odreffannoo Caalmayaa seattle.gov/environment/ejfund irraa argattu

Gaaaffii qabduu? Maaloo i-meelii ejfrfp@gmail.com ta'een nuuf ergaa